Umuriiwwan Hundaaf Qajeelfama Wabii Dooziiwwan Talaallii dandeettii Dhibee Ittisuu Dabalu kan COVID-19

Isinii fi daa'imni keessan ofii keessanii fi namoota biroo sababa COVID-19 tiin dhukkubbii hammaataa, mana yaalaa ciisuu fi du'a irraa illee eeguuf walfaannee jalqabaa kan talaallii COVID-19 tiin talaallii fudhadhaa. Qorannoowwan akka agarsiisanitti talaalliiwwan COVID-19 ammas bu'a qabeessa ta'anii kan turan ta'us adeemsa yeroo keessatti ittisni isaanii gadi bu'aa deemuu wajjiin wal qabateera.

Amma, eegumsa kana itti fufuuf talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu fudachuun karaa hunda caalaa baay'ee bu'a qabeessa ta'eedha.

Daa'imni keessan dooziiwwan dandeettii dhibee ittisuu dabalu kan talaallii COVID-19 tokkoof ykn isaa oliif ulaagaa kan guutu/ttu ta'uu isaa/ishee ilaaluf taattoo armaan gadii ilaalaa.*

	Eenyutu ulaagaa guutaa?	Talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu yoom fudhachuun qaba?	Talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu lammaffaa fudhachuu nan danda'aa?	Talaalliin dandeettii dhibee ittisuu dabalu kami?
Pfizer... ***fudhattaniirtu yoo ta'e***	Namni **5+** ta'e hundi waqtaawwaa ta'uudhaf doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu isaanii fudhachuu qabu.	Erga walfaannee jalqabaa talaallii Pfizer xumurtanii booda yoo xiqqaate **ji'oota 5**	Namni umuriin isaanii 50+ ol ta'e hundi talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 1ffaa erga fudhatanii eegalee yoo xiqqaate **ji'oota 4** booda talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 2ffaa fudhachuu qabu.	**Ga'eessonni waggaa 18+ ta'an** doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu kan talaallii COVID-19 mRA kamiyyuu fudhachuu ni danda'u. **Daa'imman umriin isaanii 5–17 ta'e** talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu Pfizer fudhachuu qabu.
Moderna... ***fudhattaniirtu yoo ta'e***	Ga'eessonni waggaa **18+** ta'an waqtaawwaa ta'uudhaf doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu isaanii fudhachuu qabu.	Erga walfaannee jalqabaa talaallii Moderna xumurtanii booda yoo xiqqaate **ji'oota 5**	Namni waggaa 50+ ol ta'e hundi talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 1ffaa erga fudhatanii eegalee yoo xiqqaate **ji'oota 4** booda talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 2ffaa fudhachuu qabu.	Dooziin talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu kan talaallii COVID-19 mRNA kamiyyuu.
Johnson & Johnson... ***fudhattaniirtu yoo ta'e***	Ga'eessonni waggaa **18+** ta'an waqtaawwaa ta'uudhaaf doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabaluu isaanii fudhachuu qabu.	Erga walfaannee jalqabaa talaallii J&J xumurtanii booda yoo xiqqaate **ji'oota 2**	Namni waggaa 50+ ol ta'e hundii fi doozii jalqabaa fi talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu isaaniitif talaallii J&J fudhatan talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 1ffaa erga fudhatanii eegalee yoo xiqqaate **ji'oota 4** booda talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 2ffaa fudhachuu qabu.	Dooziin talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu kan talaallii mRNA kamiyyuu talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu 1ffaadhaaf J&J caalaa filatamaadha. Talaalliin dandeettii dhibee ittisuu dabalu 2ffaan talaallii COVID-19 mRNA kamiyyuu ta'uu qaba.
Novavax... ***fudhattu taanan***	Jalqaba irratti Novavax fudhattu taanan, ammatti humneessituu omisha kamiiyyuutif ulaagaa hin guuttan.			

Yoo dandeettin dhukkuba ittisuu keessan haala giddu galeessa ta'een ykn daraan kan miidhame ta'e, qajeelfamoonni garaagarummaa qabaachuu malu.

Namoonni dhiyootti SARS-CoV-2 dhaan qabaman **Erga mallattoon mul'atee ykn bu'aa qorannoo poozitivii ta'e (ysoo dhibeen mallattoo kan hin agarsiisne ta'e) irraa kaasee hamma ji'oota 3tti doozii talaallii dandeettii dhibee ittsiuu dabalu kan talaallii COVID-19 jaqabaa ykn lammaffaa isaanii tursiisuu ilaalcha keessa galchuu malu. Qorannoowwan akka agarsiisanitti (Ingiliffa qofaan) yeroon dhibeedhaan qabamuu fi talaallii fudhachuu gidduu jiru dabaluum deebiin dandeettiin dhibee ittisuu qaamaa talaallii fudhachuudhaaf kennu akka fooyya'uu taasisuu mala. Akkasumas, balaan irra deebiin qabamuu gadi aanaa ta'e qabamuudhan booda torbanoota hamma ji'oota keessaatti mul'ateera. Dhibeedhan qabamuudhan booda yeroo murtee doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalu fudhachuu tursiisuu dabarsan sababoonni namoota dhuunfaa kana akka balaa dhibee hammaataa COVID-19 (Ingiliffa qofaan), sadarkaan hawaasaa COVID-19 (Ingiliffa qofaan) ykn amaloonni gosa SARS-CoV-2 caalatti baramaa jiran ilaalcha keessa galuu qabu.*

Dooziiwwan Talaallii Dandeettii Dhibee Ittisuu Dabalu Kan Talaallii COVID-19 Ilaalchisee Gaaffiilee Yeroo Hedduu Gaafataman

Dooziwwan dandeettii dhibee ittisuu dabalan maaliif barbaachisoo ta'an?

Dooziiwwan talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalan dhibee hammaataa irraa haala itti fufiinsa qabuun ittisuuf gargaaru. Dooziwwan talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalan duraan uummatoota COVID-19 hammaatadhaaf saaxilama ol'aanaa irraa jiran qofaaf gorfamu ture, garuu dhibee COVID-19 irraa of ittisuu dabaluu gargaaruuf gorsichi namoota umuriin isaanii 5 fi isaa ol ta'e kan walfaannee jalqabaa pfizer fudhatan akka hammatuuf bal'ateera. Uummattonni muraasni, kan akka dandeettin dhibee ittisuu isaanii haala giddu galeessa irraa hamma daraan miidhamee jiran dandeettii dhibee ittisuu dabaluuf dooziiwwan dabalataa isaan barbaachisuu malu. Kuni keessattuu daballii gosa vaayirasii caalatti daddarbanii fi namoota United States hunda keessatti COVID-19 dhaab qabamanii wajjiin barbaachisaadha.

Yoo dooziiwwan talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabaluu barbaachisoo ta'an, kana jechuun talaalliiwwan hojjachaa hin jiran jechuudhaa?

Lakki. Talaalliwwan COVID-19 yeroo ammaa United States keessatti qabnu gosa vaayirasii biraatif illee, dhibee hammaataa, hospitaala ciisuu, fi du'a ittisuu irratti haala gaariidhaan hojjachaa jiru. Haa ta'u malee, beektonni fayyaa hawaasaa dhukkuba COVID-19 salphaa fi giddu galeessa ta'eef ittisa hir'ate argaa jiru, keessumattuuu uummattootaa balaa ol'aanaa irra jiran gidduutti.

Beellama doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabaluuf maal fideen dhufuu qaba?

Ogeessi fayyaa keessan walfaanneen talaallii jalqabaa dhumuu isaa jalqaba mirkaneessuu akka danda'uuf maaloo beellama doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabaluu yeroo deemtan kaardii talaallii fudhachuu keessan/daa'ima keessanii fuudhaa deemaa. Yoo kaardichi kan bade ta'e, ogeessi fayyaa galmee keessan keessa barbaade argachuu danda'a.

Garaa garummaan doozii talaallii dabalataa fi doozii talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabaluu gidduu jiru maalidha?

Doozin dabalataa dhukkubsattoota dandeettiin dhibee ittisuu dabalu isaanii miidhame kan walfaannee talaallii mRNA doozii-2 (Pfizer or Moderna) xumuraniifi garuu deebiin dandeettiin dhibee ittisuu gahaa cimaa hin qabneef kan yaadameedha.

Doozin dandeettii dhibee ittisuu dabalu ittisa fi/ykn dandeettii dhibee ittisuu walfaannee talaallii jalqabaa booda adeemsa keessa hir'ate dabaluuf ykn bakka duraan turetti deebisuuf kennama.

Doozii dandeettii dhibee ittisuu dabaluuf maqaan oomisha talaallii faayidaa qabaa?

Yoo umuriin keessan 18 fi isaa ol ta'e talaallii walfaannee jalqabaa fudhattaniin alatti doozii dandeettii dhibee ittisuu dabalu gosa biraa fudhachuu dandeessu fi jalqaba irratti Johnson & Johnson ykn talaallii mRNA hamma lama fudhattu taanan. Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuwwan To'annoo fi Ittisa Dhibee) deetaa waqtaawaa ta'e (Moderna, Johnson & Johnson, dooziwwan dandeettii dhibee ittisuu dabalan waliin makuu fi wal simsiisudhaan) of eeggannoon erga madaalanii fi lilmoowwan talaallii dandeettii dhibee ittisuu dabalan irratti marii cimaa fi itti yaadame erga taasisanii booda murtee isaanii kennan. Novavax ammatti humneessituu fudhachuu hin gorsu akkasumas talaalliiwwan COVID-19 kanneen biro wajjiin wal keessa makamuu ykn firoomuu hin qabu. ***Namoonni umurii 17 fi isaa gadi ta'an walfaannee jalqabaa Pfizer fudhaniiru yoo ta'e doozii talaallii dandeetti dhibee ittisuu dabalu isaanitiif talaalii Pfizer qofa fudhachuu danda'u.***

Namni tokko guutumaan guututti talaallii fudhateera kan jedhamu yoomi?

Isinii fi daa'imni keessan **guutumaan guututti talaallii kan fudhattan** walfaannee jalqabaa kan talaallii COVID-19 keessatti dooziiwwan gorfaman hunda erga fudhattanii eegalee torbanoota lama booda.

Isinii fi daa'imni keessan talaallii fudhachuu COVID-19 tin **waqtaawwaa** kan taatan dooziiwwan walfaannee jalqabaa keessaa hundii fi *talaalliiwwan dandeettii dhibee ittisuu dabalan kan gorfaman hundi* (Ingiliffan qofaan) erga fudhatamaniin booda, yeroo ulaagan guutame.

Talaalliin dandeettii dhibee ittisuu dabalu talaalliiwwan biroo kan akka qufaa (infuleenzaa) wajjiin fudhatamuu ni danda'aa?

Eeyyee. Isin ykn daa'imni keessan talaallii COVID-19 talaalliiwwan biroo wajjiin yeroo wal fakkaatanitti fudhachuu ni dandeessu. *Talaalliwwan mana baruumsaa dirqama ta'an* (Ingiliffan qofaan) kan daa'ima keessanii yookin talaalliwwan gorfaman kanneen biroo talaallii COVID-19 fudhachuu irraa adda baasuun beellamuun isini hin barbaachisu. Talaallii COVID-19 tiif beellama qabachuun isin ykn daa'imni keessan talaalliiwwan gorfaman hunda akka argattaniif carraa biraa uuma.

Gaaffilee dabalataa qabduu?
Kan armaan gadii daawwadhaa:
doh.wa.gov/covidbooster

DOH 825-039 July 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltoonni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.